IslamHouse.com

# KAAYYOO HAJJII

Qopheessaan:

Khalid bin Salih Assalaamah



AFAAN OROMO
أورومو

Hikkaan:

Shekh Jamaal Shekh Muhammd

OROMO
OROMOO
أورومو

# مقاصد الحج


تأليف

**خالد بن صالح السلامة**

ترجمة

**الداعية جمال محمد أحمد**

أُعد هذا الكتاب وصمِّم من قبل مركز أصول، وجميع الصور المستخدمة في التصميم يملك المركز حقوقها، وإن مركز أصول يتيح لكل مسلم طباعة الكتاب ونشره بأي وسيلة، بشرط الالتزام بالإشارة إلى المصدر، وعدم التغيير في النص، وفي حالة الطباعة يوصي المركز بالالتزام بمعاييره في جودة الطباعة.

+966 504 442 532
+966 11 445 4900
+966 11 497 0126
P.O.BOX 29465 Riyadh 11457
osoul@rabwah.com
www.osoulcenter.com

بسم الله الرحمن الرحيم

Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim




Yaada gulaalaa 9

Duree 10

Kaayyoo 1ffaa Jaalala Rabbii mirkaneessuu. 14

Kayyoo 2ffaa guddina Rabbii 23

Kaayyoo 3ffaa kajeellaa Rbbii 32

Kayyoo 4ffaa sodaa Rabbii 34

Kayyoo 5ffaa Rabbirratti irkachuu 36

Kaayyoo 6ffaa gama Rabbii deebi’uu 40

Kaayyoo 7ffaa Rabbif uf gadi qabuu 43

xumura- dhaamsa hajji booda 45

Xumura 54



# Yaada gulaalaa

Kitaabni kaayyoo hajjii jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban waayee hikmaa hajjii keessatti qopheeffame keessa isa tokko. Abbaan isa qopheesses sheekha khaalid bin saalih assalaamah Rabbi irraa haajaalatu. Nutis afaan keenya afaan oromootti hiikee akka ummanni keenya waayee diin isaa afaan isaatiin dubbisee hubatu goone. Rabbiin kan kqopheesseefii kan hikes isaan lameenu irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Akkasumas gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoloojii waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

**Shekh Jamaal shekh Muhammad**
**shekhjamal@yahoo.com**
**F/B: Abu Saalih Almuhajiri**
**00966505697461 KSA Riyadh**

# Duree

الحمد لله والصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلى آله وصحبه أجمعين

Faaruun kan Rabbiiti, kan jaalallee isaa beekkomsa faaydaa qabuufii hojii gaariin kabaje.

Ka firii beekkumsa isaanii soda isaa tiifi gama isaa deebii isaanii godhe.

Kan beekkomsa kanaan ummata garii ol fuudhee sadarkaa isaanii namaa ol godhe.

Qalbiilee garii ilmiin guutee isa jaalatte. Isatti hawwite. Qaamolee garii ilmii kanatti bobbaasee isa dura dhaabbii dheeressite.

Nagayaaf Rahmaanni nama irra caalaa namoota Rabbi beekanii tahe nabi Muhammad ﷺ irratti haabu'u. kan faaruu Rabbii malee faaruu waan biraa dhiise. Kan gabrummaa isaa Rabbiif qulqulleesse. Kan salaata isaa, qaliinsa isaa, jiruu isaa, du'a isaa hunda Rabbiif qulqulleesse. Hanga Rabbiin isaa isa jaalatee isa filatetti. Hanga ufiifis irraa jaalatee gabroottan isaa gaggaaris irraa jaalachiisetti.




Yaa Rabbii keenya beekkomsi hundi harka kee keessa jiraa. beekkomsaa si biratti Irra jaalatamu nuuf kenni. Isaan sadarkaa keenya si biratti ol nuuf fuudhi. Yaa Rabbi isaan hojii teenya nuuf guddisi. Isaan dilii teenya nuuf araarami. Isaan qoma keenya nuuf bal'isi. Fuula kee kabajamaaf kan qulqulleefame nuuf godhi. Yaa Rabbi keyrii argachuufi dogoggorarraa sirrawuun waan ati jaalattuufii feetutti warra qajeelu nugodhi. Yaadaa, jechaafii hojii keenyaanis nu qajeelchi.

Eegaa Obboleessa muslimaaa. obboleessa hajji godhu.

Ajaja Rabbiitiif butamuun waan akkaan gaariidha. Kuni mallattoo amanuuti. Gabrichi Rabbii tokko yoo kanarratti beekkomsa ida'ate Rabbitti dhihaatinsa ida'ata.

Yaa Rabbii keenya beekkomsaa fii qajeelloo soda tee nuuf idai.

Rahmata ketiin nurraa qeebali. Ati arjaadhaa, Rahmatallee godhaadhaa.

Obboleessa kiyya kan hajji godhu.

Hojii hajji dalaguun kee waan haalaan gaariiti osoo hikmaa waan isiin taateefii beekuu baattelle.

Isiin ibaadaadhaa Rabbiitu itti nu ajaje jechaa qofa beeynaanuu nigaya. Kuni wannii beeysisu Rabbiif buluufi ajaja isaa tole jechuu keeti.

Akkasuma ammas yeroo akka beekkomsa siif eda'u Rabbi kadhattee Rabbiin siif bane hikmaa hojiilee hajji garii beeyte waan gaariidha.

Rabbiin s.w. akki jedhu"

﴿ وَٱلَّذِينَ جَٰهَدُواْ فِينَا لَنَهۡدِيَنَّهُمۡ سُبُلَنَاۚ وَإِنَّ ٱللَّهَ لَمَعَ ٱلۡمُحۡسِنِينَ ﴾ [العنكبوت: ٦٩]

***"Isaan warren kara keenya keessatti qabsaawan dhugumaan kara keenya isaan qajeelchina, Allaaha warra toltuu hojjatuun wajji tahee jira."*** Suraatul ankabuut 69.

Gaafiilee asii gadii kanneen kaasnee maaliif akka tahe hubachuun gaarii taha.

Maliif makka biyya laga gammoojjii qonniti hinjirre taate?

Akka namni hajji godhu yeroo bakka Rabbiin jaalatu tana dhaqe itti bashannanuuf jecha?

Maliif laga qonnaa kan bishaaniifii bosonaa hintahin?

Maaliif hajji dhaammannaa keessatti miillii fii qaamni nabii keenyaa dachii arafaa hintuqini?

iddoo xawaafaafii cirracha darbannaatti Maaliif dhiiraa fi dubartiin walitti tuuchan bakka takkatti? akkaataa faallaa heera beekamaa taheetti?

Maaliif yeroo arafarraa yaane muzdalifaa buluuf dirqamna?

Maaliif bakkiti arafarraa itti yaanu mina hintahin? isiitu irra dhihoodha, meeshaan shaanxaafii uffanni keenyas achi jiraa?




Kanneenii fi kanneen birootis hikmaa hojiilee hajji hedduutu jira. Kabeekes beekee ka wallaales wallaale.

Ergaa gabaabaa kana keessatti Qabxiilee kanneen irratti hubannoo ummataa damaysuu fii yaadaachiisuun fedhe. Rabbitti gargaarsifadhee, tin'oo isarraa diriirfadhee.

Rabbii keenya akka nuuf araaramee, rahmata nuuf godhee, karaa isaa qajeelaa akka nuqajeelchu kadhanna.

Wannin isin hubachiisu ani barreefama kiyya kana kessatti waayee ahkaama barnoota akkataa hajji irratti hinxiyyeefadhu. Waayeen barnoota hajji kuni ulamaaiin bal'inaan barreessanii jiran waan taheef achirraa argachuun nidandayama.

Ani xiyyeeffannoon kiyya kayyoo fii hikmaa hajji ibsuudha. Kaayyoo tana hedduun nama hajji godhuu hinbeeku, hedduun nama hajjirraa barreesseetis hin dubbanne.

Jecha Nabii ﷺ iraatti hundaayee. "namni nama isarra beekuf beekkomsa gumaachu hedduutu jira" kan jedhe. abuu dawud odeesse lakk2660 albaaniin sahiiha jedheen.

Yeroon kana hojjadhu namoota beekkumsaan narra jajjaboo akka fakki kiyya kanarratti hojjatanii kayyoo hajji guututti bal'inaan ibsaniin isaan afeera.

Wanni askeessatti sirri tahee Rabbumarraayi, kan dogoggora tahemmoo lubbuu tootiifi sheyxaanarraayi.

# Hajjii Guutachuu

Rabbiin s.w. akkana jedha

﴿وَأَتِمُّوا۟ ٱلْحَجَّ وَٱلْعُمْرَةَ لِلَّهِ﴾ [البقرة]

***"Hajjiifii umraa Rabbiif jecha guutaa hojjadhaa."*** Albaqarah

Guutuun qooda sadihitti taha.

1. hajjii yeroo isaatti guutuu.
2. hajjii iddoo isaatti guutuu.
3. hajjii bifa (akkaataa) isaatti guutuu.yommuu tahu. kanneen bal'isnee laalla.

## Tokkoffaa Hajjii yeroo isaatti guutuu

kana jechuun hajjiin yeroo Rabbiin s.w. isaaf heere kessatti hojjatamuudha, kan isa dursuu fi booda aansuunis hintaane.

Ibaadaaleen hajji keessatti taate hundi yeroo isif daangefame qabdi. Kuni ammo kayyoo mataa isaa dandaye qaba. Namni yeroo murtaye kanarraa dogoggorse hojii kana keessatti dogoggoreera. Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿ٱلْحَجُّ أَشْهُرٌ مَّعْلُومَٰتٌ﴾ [البقرة]

***"Hajjiin baatiiwan bekamoo keessatti."*** albaqarah.



Ammas Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿وَٱذْكُرُوا۟ ٱللَّهَ فِىٓ أَيَّامٍ مَّعْدُودَٰتٍ﴾ [البقرة]

***"Guyyoota lakkaawamtuu taate keessatti Rabbi faarsa."*** albaqarah.

Kanaaf jecha akka fakkeenyaatti yoo laalle, namni jarjaree muzdalifaa keessa hin bulin, yookaan walakkaa halkanii dura isirraa bahe, akkasuma namni guyyaa kudha lammaffaa osoo aduun hinzawaalin (walakkaa samiirraa gama dhihaa hinjallatin) namni cirracha jamaraataa darbate, kanneen hundinu faalla kayyoo hajjiitti nama geessa. yookaan kaayyoo isii ir'isa.

## Lammaffaa hajjii bakka isaatti guutuu.

Kana jechuun ibaadaaleen Rabbiin hajji keessatti heere bakka Rabbiin itti ajaje sanittii raawwatamuu qabdi jechuudha. iddon murtaaye kun hundinuu kaayoo mataa isaa qaba waan taheef kuni eeggamu qaba. Kana tahuu baannaan hojii sun akka waan hinguutaminiitti laalama.

Fakkeenyaaf- Rabbiin s.w. akka arafaa dhaabbannu nurraa fedhe. Arafaan daangaa mataa isii tahe qabdi, daangaa isii san dabarree ala dhaabbachuun hin tahu.

Akkasuma Rabbiin s.w. (halkan guutuu yookaa harka guddaa) muzdalifaa buluu nurraa fedha. halkan muzdalifaa san daangaa muzdalifaarraa bahuun hintahu. Akkasuma

halkanoowwan mina bulutti ajajamneetu jira kan isirraa bahuun hin taanee yoo rakkina walitti tuuchuu kan akka amma jiruu kanaaf tahe malee. Kanneen hundinuu hajji bakka isiitti guutuu jedhama.

heddumina warra isii hojjatuutiin wajji yoo laalle Gariin ibaadaa nidhiphatte yeroo fi bakkeen isiitis xiqoo tahuudhaan wajji. Fakkeenyaaf ciracha darbachuun, xawaafni, dhagaa gurracha dhungachuun.

Yeroo dheertuun akka baatiilee fi torbaanii hingodhamneef, akka namni osoo walitti hinrakkifnetti waljalaa dalgee bahuuf. Bakkeen isiitis baloo raaree fii bakka hedduu hintaane. tan heddumina hujjaajotaa kanyeroorraa yerotti dabalaa dhufeen walmadaaltu hintaane.

dhiira qofarratti dirqama godhamtee dubartiin keessaa hinhafne akka lakkoofsi xiqqaatuuf.

Maaliif karaa istihbaaba (sunnaa jaalatamtuu) qofaan hingodhaminii hujjaaja hundarraa barbaachistuu taate?

Sanuu yeroo xiqqoo muraasa keessatti, bakka dhiphoo irratti. Rabbiin ogeeysa beekaadha Rakkinaafii walitti laaqamuu, tuuchinsa hamaa achirraa argamu nibeekaa.

Kuni hundinuu hikmaa (ogummaa) guddoo Rabbiin isii fedhe takkaafi.

Inni ogeeysa beekaadha.





## Sadaffaa hajji bifa isiitiin guutuu.

kuni ammo seera sadihi qabaachuudhaan taha.

1. kayyoo hajji.
2. seera akkataa hajji.
3. dantaa diriirtuu hajji ti.

Kana irradeebinee yoo ibsine kunoo akkana taha.

### Gosa 1ffaa-kayyoo hajji:

Ibsi isaa itti aaneeti dhufa yoo Rabbiin jedhe.

### Gosa 2ffaa seera akkaatаa hajji:

fakkeenyaaf waan waajiba (dirqama) tahe, kanneen sunnaa tahe, kanneen jibbamu kkf.

Seerota kana ulamaaiin hedduun irraa dubbatanii, barsiisanii, namni hubatee jira.

### Gosa 3ffaa Dantaa diriirtuu hajji keessaatti taate.

Kana jechuun seera hajji akkaataa sirriiti guuturratti nama gargaaru kanneen akka seera tiraafiikaa fii deemsaa, seera qulqullinaa, serra bakka tessoo, seera barbaachisoota kara deemtotaa fi k.k.f. dha.

Seerri kuni yoo namni sirritti kabajuu baate rakkoo fidee yeroo barbaachisutti namni akka bakka isarraa barbaadamu

hin geenye godha. Yookaan laffaatii guddoon akka gayu godha. inuma ibaadaa isaaniillee duraa ir'isuun nimala.

Kanaaf namni hundi seera dantaa hajji kana kabajurratti osoo walgargaaree silaa karaa laafaan namni hajji isaa ni godhata.

Gaffiin asitti seera hajji gosa sadeen kana mee akkamitti guunnee kabajna akka Rabbiin nuun jedhetti. Rabbiin akki jedhe.

﴿وَأَتِمُّوا۟ ٱلْحَجَّ وَٱلْعُمْرَةَ لِلَّهِ﴾ [البقرة]

***"Hajjiifii umraa Rabbiif jecha guutaa hojjadhaa."*** Albaqarah

Deebisaan

## Tokkoffaa

Jajjabaanee barachuu. Rabbiin s.w. nama jajjabaatee hojjatee fi barate akka karaa isaa qajeelchu waadaa galee jira.

Rabbiin s.w. akkana jedhe

﴿وَٱلَّذِينَ جَٰهَدُوا۟ فِينَا لَنَهْدِيَنَّهُمْ سُبُلَنَا ۚ وَإِنَّ ٱللَّهَ لَمَعَ ٱلْمُحْسِنِينَ﴾ [العنكبوت: ٦٩]

***"Warren karaa keenya keessatti jajjabaatan karaa keenya isaan qajeelchina, Rabbiin tolchitootaan wajji tahee jira."*** Suuraa ankabuut.

Jajjabachurraa tokko Rabbi kadhachuudha akka kaayyoo hajji tana nu argachiisee nuuf mirkaneessu akkaataa inni nurraa jaalatutti.



Ammas Rabbiin s.w. akki jedhe.

﴿وَقُل رَّبِّ زِدْنِي عِلْمًا﴾ [طه: ١١٤]

***"Yaa Rabbi beekkumsa naaf ida'i jedhi."*** xaahaa.

Akkasumaa beysisoota Rabbi lameen beekkumsa kana ibsitu /kitaabaafi sunnaa/ xiinxalluu heddummeysuu.

Akkasuma waayee kanarraa ulamaa'ii gaafachuu

Kitaabban ilmii dubbisuu, sagantaa barnootaa kan ulamaaiitti hirmaatuu.

## Lammaffaa

Isii guunnee mirkaneessuuf carraaqu.

Akkuma Rabbiin s.w. jedheetti.

﴿وَٱتَّبِعُوٓا۟ أَحْسَنَ مَآ أُنزِلَ إِلَيْكُم مِّن رَّبِّكُم﴾ [الزمر]

***"gaarii waan isinitti buufamee jala deemaa."*** zumar.

Kuni ibaaduma hunda keessatti, boqannaa barbaachaaf jecha jarjarsuun hin tahu. Jiruun adduniyaa ganda yerooti kan dhumiinsaati.

Ammo jannanni aakhiraa ganda galataatiifii teessooti.

Kuni garuu kan argamuu yoo Rabbiin nama qunname qofa. Rabbiin waan gaarii inni jaalatu akka hojjannu akka nuuf laaffisuu jabaannee isa kadhachuu qabna.

## Sadaffaa

Waan dogoggoraa irraanfii fii wallaalan ir'isne irratti gadduu qabna. Istigfaara haa heddummeessinuu, akka Rabbiin nurraa qeebalu haa kadhannuu. Rabbiin arjummaa isaatiin waan nuduraa irrate itti nuuf guutaa.

Egaa yeroo hajji irraa gallu nurraa qeebalamte moo hinqeebalamne? Nuuf guutamte moo nurraa ir'ate? Waan jedhurratti sodaafii kajeellaa jiddutti tahuu nu barbaachisa.

Amma mee gama qabxii duraa ibsuutti deebina.

Kunis hajji bifa isiitiin guutanii hojjachuu kayyoo isiitti dhaqqabuu kan jedhu sani.

Akkana jenna:-kayyoon hajji faydaaleefii hikmaa hojiin hajjii karaa godhamteefidha.

### Kaayyoon hajji inni guddaan Rabbiif gabroomuu mirkanneessuudha.

Kunis ajaja isaa kana mirkaneessuudhaan taha.

Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿وَلِلَّهِ عَلَى ٱلنَّاسِ حِجُّ ٱلۡبَيۡتِ مَنِ ٱسۡتَطَاعَ إِلَيۡهِ سَبِيلٗاۚ وَمَن كَفَرَ فَإِنَّ ٱللَّهَ غَنِيٌّ عَنِ ٱلۡعَٰلَمِينَ﴾ [آل عمران: ٩٧]

***"Namni gama isaatti dandeetii deemsaa qabu mana Rabbiitti hajji godhuun dirqama Rabbiin namarraa qabuudha."*** Aala imraan.



Kaayyyoon kun hujjaajonni hundi raawwachuu qaban. Tokkolleen wallaaluun hintahu.

Kayyoon guddaan Rabbiif gabroomuu jedhu kun kan mirkanaayu qabxiilee isa jala jiran hunda mirkaneysuun taha.

Fakkeenyaaf Rabbi jaalachuu, isa kabajuu, isuma kajeeluu, isuma sodaachuu, isumarratti irkachuu, isuma abdachuu, k.k.f.

Kuni garii kayyoo hajjiin godhamteefi, isii baruufi barnoota san hojiin hiikuuf jajjabaatanii carraaquun kan barbaachiseefis kanumaafi. Garuu namni kana keessatti walcaalan.

Gama kaaniin kaayyoo kana hunda isaa takka takkatti hubachuun hujjaajarratti dirqamaa miti. Garuu hanguma isii mirkaneesse sawaabaafii sadarkaa guddoo Rabbirraa argata.

Hanguma kaayoo isii kana baratanii tolchanii hojjataniin sadarkaan hujjaajaa walcaalti.

Rabbiin s.w. akki jedhu.

﴿قُلۡ هَلۡ يَسۡتَوِي ٱلَّذِينَ يَعۡلَمُونَ وَٱلَّذِينَ لَا يَعۡلَمُونَۗ إِنَّمَا يَتَذَكَّرُ أُوْلُواْ ٱلۡأَلۡبَٰبِ﴾ [الزمر: ٩]

***"warren beekaniifii kan hin beeyne walniqixxaawanii sa? Jedhiin, warruma qalbii qabuutu gorfama."*** Zumar9.

Ammaa asirraa kaafnee kayyoowwan hajji gurguddoo

bal’inaan laalla, xiinxallinee gadi lallaalla.Rabbiin akka sababaa isiitiin qajeelloo iimaanaafii hojii gaggaarii nuf edau abdanna. Akkasuma ammallee hojii tolchuufii isaaf qulqulleessuu isa kadhanna. Waan jaalatu dalagutti akka nubobbaasu kadhanna.

Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿وَقُل رَّبِّ زِدۡنِي عِلۡمٗا﴾ [طه: ١١٤]

***“Yaa Rabbi beekkumsa naaf ida’i jedhi.”*** xaahaa 114.

Akka olitti tuqametti kayyoon hajji guddaan Rabbiif gabroomuu mirkaneessuudha. kaayyoon kuni dameelee takka takkaan isii kaayyoo hajji irraa taate uf jalaa qaba. Kaayyoowan sun maal fa’a?

Gaafiin biro tan bakka tana jirtu hojiin hajji akkamitti kaayoo kana mirkaneessiti?

Kuni waan Rabbitti gargaarsifannee akka itti aanutti ibsinu taha.



# Kaayyoo 1ffaa
# Jaalala Rabbii mirkaneessuu.

Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿قُلۡ إِن كَانَ ءَابَآؤُكُمۡ وَأَبۡنَآؤُكُمۡ وَإِخۡوَٰنُكُمۡ وَأَزۡوَٰجُكُمۡ وَعَشِيرَتُكُمۡ وَأَمۡوَٰلٌ ٱقۡتَرَفۡتُمُوهَا وَتِجَٰرَةٞ تَخۡشَوۡنَ كَسَادَهَا وَمَسَٰكِنُ تَرۡضَوۡنَهَآ أَحَبَّ إِلَيۡكُم مِّنَ ٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ وَجِهَادٖ فِي سَبِيلِهِۦ فَتَرَبَّصُواْ حَتَّىٰ يَأۡتِيَ ٱللَّهُ بِأَمۡرِهِۦۗ وَٱللَّهُ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلۡفَٰسِقِينَ﴾ [التوبة: ٢٤]

***“yoo abboonni keessan, ilmaan keessan, obboleeyyan keessan, jaartiiwwan teessan, firoonni keessan, qabeenyi isin isii walitti qabdan, daldalli kasaaraa isii iraa sodaattan, manneen isii jaalattan, Allaahaafi ergamaa isaarra akkasuma karaa isaa keessatti qabsaawurraa isin biratti jaalatamoo yoo tahan-hanga Allaaha ajaja isaa fiduu eeggadhaa» jedhiin. Allaaha ummata jallattoota hinqajeelchu.”*** suuraa towbaa24

Obbolessoo yaa ka hajji goote!

Mee hubadhu ati yeroo hajji godhuuf deemtu waan jaalattu hunda uf duubatti dhiisteeti deemte. Biyya tee tan jaalattu ta isii himattu, jaartii tee ta jaalattu, joollee tee ililliiwwan kee, mana kee kan keessa jiraattu, ganda kee ka keessatti guddatte, hojii tee, ooyruu tee, konkolaataa kee, gosa

tee tan isitti galtu, waan jaalattu kana hunda uf duubatti dhiistee biraa deemte Rabbumaaf jecha. Akkanumaan wajji kan itti deebitaafi hindeebituu hin beeyne.

Ammallee bakkiti itti deemtu iddoo bashannanaa dachii raaree balloo qilleensi isii qabbanaawaatii miti. Bakka owwituu gammoojjii cimtuu mayra hin qabne tan namni walitti tuuchaati.

Akkasuma ammas eega hajjiif deemtee bakka san geesses wanni jaalattu takka takka yoo sibira jiraattellee jaalala Rabbi mirkaneessuuf jecha sanis dhiisutti (itti fayyadamuu dhabutti) ajajamtee jirta.

Fakkeenyaaf:-jaartiin tee jaalatamtuun, uffanni kee babbareedaani fii shittoon tee urgooytuun yoo sibira jiraatte hidhannaa hajji booda irraa dhoowwamteeti jirta. (haraam sirratti godhamteeti jirti).

Gama kaaniin haa jennu malee makka keessa waan jajjaalatamtuu hedduutu jira.

Fakkeenyaaf:-masjiidul haraam akkaan jaalatamaadha,akkasuma ka'ibaan jaalatamtuun, hajarul aswad, maqaamni ibraahiim, eelli bishaan zamzam, dachiin haramaa hundi isii wantoota haalaan jaalatamoodha.

Hikmaan bakka tana jirtu gabricha Rabbi qorachuudha waan jaalatu tana hundarraa akka Rabbi jaalatu mul'isuudha.





Tanaaf yeroo hajji kanneen jaalatu kana hundaa dhiisee kara dachii arafaa tan waatakka wanni jaalatan keessa hinjirre jaalal Rabbi malee akka bahu ajajme.

Ajaja kana hojirra oolchee bahuun gabrichaa dhugumaan waahundarra akka Rabbi isaa jaalatu, akka dhugaadhaan Rabbiif qulqulleessu hojiifii jechaanis mirkaneesse jechuudha.

***Gaafii: kitaabban hundee tahan keessatti miilli nabii ﷺ yookaa qaamni isaanii dachii arafaa tuuyxee jirti wanni jedhu mirkanaayee jiraa?***

Akkan hundeelee kitaabban islaamaa kanneen akkaataa hajii nabii ﷺ dubbatan keessaa qoradhetti ragaan qaamni nabii keenyaa ﷺ dachii arafaa tuuyxe jedhu hinjiru. Kun wanni nu hubachiisu qaamni nabii dachii arafaa tuqu dhabuun kun wahuma nabiin itti yaadee dalage tahuudha.

Kuni garuu homa nabi qofaaf godhame.wanni kanatti nuqajeelchu

Rabbiin nabiyyicha isaa meetira muraasa daangaa arafaa osoo hinseenne dhaabbatutti ajaje. Waadii uranah bakka jedhamtutti dhaabbate. Nyaatee dhugee boqatee wuduu'a godhate daangaa arafaatiin alatti. Eegasii yogguu aduun walqixa samiirraa gama dhihaa jallatte sahaabota isaa akka daangaa arafaa keessa meetira tokkofii lamaan seenana ajaje. Inni ammo meetira tokkoofii lamaan daangaa arafaa

ala dhaabbatee khuxbaa godhee gorsee isaaniin salaate. Eegasii yeroo khuxbaafii salaatarraa raawwate gaala isaa yaabbatee daangaa arafaa seene yaabbima sanirra ture. hanga aduun seentetti irraa hinbuune.

Miilli isaa kabajamtuun hajjii dhaammannaa keessatti dachii arafaa hinxuuyne. Akka ragaan hedduun ibsitutti. Kuni garuu isuma qofaafi.

***Gaafii- maaliif miilli nabii kabajamtuun hajji dhaammannaa keessatti dachii arafaa irra hindhaabbatini?***

Akkuma beekamu nabiin ﷺ muslima hunda biratti akkaan jalatamaadha. Faanti isaatis akkasumatti jaalatamtuudha. Tanaaf namni yeroo hedduu faana isaaniiti barbaada.

Tanaaf Rabbiin arafatti isa malee (Rabbuma malee) wanni jaalatamtu faanti takkalleen akka hinjiraanne fedhe. hanga faana nabiyyii isaa gayutti.

Hikmaan kana (Rabbumaatu beekaa) osoo nabiif faanti arafatti jiraattee silaa namni gariin jaalalaa fii barbaacha isiitiin guyyaa san jaalala Rabbiirraa shaagalama. Silaa qalbiin gariin jaalala gooytaarraa gama jaalala gabrichaa qoodamti.

Akkamitti akkas hintaane! sababiin jallina hedduu ilmanamaa jaalala namoota gaggaarii keessatti daangaa dabruudha.faana isaaniitiin mokkoramuudha.





Sila shirkiin dura lafarratti argame kan ummata nabi nuuh keessatti tahe sababiin isaa jaalala ummata gaggaariitii mitii?

Nasaaraanis kan jallattee jaalala nabi iisaa keessatti daangaa dabarteeti miti?

Akkasuma raafidaan kan jallatte jaalala aliyyi fii huseen keessatti wasana dabarteetii mitii?

Gareen suufiyyaatis jaalala jeylaaniitii fii kanneen biro keessatti daangaa dabruudhaan hin jallannee?

Jaalala guddoo akka Rabbi jaalatan caalatti isaan jaalatanii kanaan halaakaman.

Akkanatti hujjaajarraa arafatti wanni barbaadame fuulaa isaanii duratti faanti jaalallee takka tan isaan shaagaltu akka hinjiraanneefi Rabbii tokicha malee.

Waan jaalatan takkaa yeroo haalaan itti haajaman keessatti namatti dhiheysee akkasumaan wajji irraa nama dhoowwee Rabbiin nama mokkora.

Kunoo sahaabaan yeroo beelaa keessa hajji hidhatan bineensi isaan al'oolatan akka ajaaibaatti isaanitti dhihaatee akka harkaafii eeboon isaanii dhaqqabdu tahe. Kanaan wajji isaan mokkoruudhaaf al'oollatuun isaanirratti haraam godhame.Rabbiin s.w.akkana jedha.

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَيَبۡلُوَنَّكُمُ ٱللَّهُ بِشَيۡءٖ مِّنَ ٱلصَّيۡدِ تَنَالُهُۥٓ أَيۡدِيكُمۡ وَرِمَاحُكُمۡ لِيَعۡلَمَ ٱللَّهُ مَن يَخَافُهُۥ بِٱلۡغَيۡبِۚ فَمَنِ ٱعۡتَدَىٰ بَعۡدَ ذَٰلِكَ فَلَهُۥ عَذَابٌ أَلِيمٞ ﴾ [المائدة: ٩٤]

***"Isin yaa warri amantan Rabbiin bineensa al'oollattan irraa wahiin isinmokkoruuf jiraata. Kan harkoowwan keessaniifii eeboowwan teessan dhaqqabdu kan tahe. Rabbiin akka nama fagotti isa sodaatu beekuufi (mul'isuufi)kana booda namni balleesse isaaf azaaba laalessaa taheetu jira."*** almaa'idah94.

Sahaabonni towhiida jaalalaa mirkaneessuu keessatti akkaan jajjaboodha kunoo al'ooluu kana osoo haalaan itti haajamanii jiran, kan wanni isaan eegu tokko hinjirre Rabbiin malee, jaalaluma Rabbii barbaachaaf jecha dhiisan. Qorannoo jaalalaa yeroo xawaafaafii jamaraataa akkaan jajjabaata.

Kana jechuun eega waan hundeen isii halaal tahe tan akka qunnamtii jaartii isaa fii waan urgaawu godhachuu irraa dhoowwame booda, qorannoo jaalalaa tan birootty dhufa tan hundeen isiituu dhoowwaadhaa (haraamii). Suni dhiirti dubartiin mokkoramuudha, dubartiinis dhiiraan mokkoramuudha.

Silaa osoo jamaraata (boolla iitti darbatan) garii dhiiraaf garii dubartiif godhuun nimala.

Takki guyyaa tokko dhiiraaf guyyaa tokko dubartiif, yookaan dubartii xawaafaafii jamaraata irraa dhiisuu akka dhiiraan walitti hin tuuchine, yookaan darbannaan utubaalee boollaa xixiqqoo tahuu dhabee gaara guddatti osoo tahe silaa nimala.




Garuu wanni shari'aan akkaataa amma jiru kanatti keesseef bakka dhiphotti dhiiraaf dubartiin walitti dhufuun nimala. Asitti mokkoraan godhamti

***Rabbii keeti irra jaalattamoo dubartiidha irra jaalatta?***

Mu'imina dhugaadhaa nigarta ka jaalalti Rabbii onnee isaa guutte Rabbuma sodaadhaaf ka uf eegu tahuudha garta, kuni hundi wanni beeysisu mu'iminni waa hundarra Rabbii isaati jaalata jechuudha.

Keysaawuu namni hajji godhu yogguu akka itti jaalala Rabbii irratti nabi ibraahiim mokkoramee sabbaree boodas sadarkaa guddoo jaalallee Rabbii tahuudha argate yaadate nijajjabaata.

Nabi ibraahiim ilmoo dhabuudhaan (masheenummaadhaan) waggaa deertuu mokkoramee sabbare.

Eeega isaa dulloome ilmoo argates ammas nimokkorame akka ilma isaa haadhan wajji laga barahaa qonni hinjirre kan namni tokko hinjirre keessatti kophaa kaayee biraa biyya shaamitti deemu ajajame. Irratti obseetuma raawwate.

Eegasii akka itti deebi'ee laalu hayyamameef. Itti dhufee wal'arganii yogguu gammadan mokkoraan biro cimtuun dhufte.

Ilma isaa tokkicha kana akka qalu ajajame. Bakka jamaraataa

tanatti ilma isaa as fidee ajaja Rabbiisan Raawwachuudhaaf gorrauuf gadi ciibse. Sheyxaanni ajaja Rabbiirraa gufachiisuudhaaf yoggu sadi itti deddeebi'ee waswaase. Garuu ibraahiim jalaa didee dhagaan darbatee arihee. Allhu akbar jechuudhaan jaalalti Rabbii waa hundarra jabduu tahuu ibse. Allaahu akbar. Allaahu akbar Allahuu akbar.

### *Gaafii-Makka maaliif laga qonnaaf hinmijjooyne taate?*

Osoo hajjiin laga midhaanii fii mukkeenii kan bishaanii taatee, silaa (Rabbumaatu beekaa) gariin hujjajjaa hajji isaaniitti ibaadaa qulqulluu niyyatan moo bashannana iddoo saniiti niyyatan? Waan jedhuutu namarratti walfakkaata.

Bakka tana hikmaan biroollee nijirti. Osoo makka haala addaa lama walitti qabattee, sunis tan onneen namaa isii jaalattu tahuufii tan mukaafii bishaaniin miidhayde osoo taatee, silaa namni baay'inaan keessa qubatee taa'ee nama birootiif kan dabaree carraa hin kennine taha.

Ammo ogummaa Rabbiitiin ganda qalbiin namaa itti hawwituufii jaalattu ta qonnaafii laggeen bishaanii hinqabne, tan yogguu kuni dhufee ibaadaa isaa raawwate kaaniif dabaree gadi lakkisee deemu taate.

Dhuma dhaamsa waayee towhiida jaalala kanarraat wanni jennu:-Rabbiin s.w. isarra waan biro jaalachuu dhiisaa jaalalti isaa qalbii gabrichaa keessatti jaalala waan birootiin walqixxawuu hin fedhu.




Kana kunoo towhiida jaalala jechuun.

Kaayyoo guddaa kana yogguu argatte hajji keessatti mirkaneessuu kaayyoo kanaatiif kadhaa Rabbii guddisi. Waan isa faalleysurraa nagaya bahuu kadhadhu, siif qeebalamnaan baga gammadde.

# Kaayyoon 2ffaa
# Guddina Rabbii mirkaneessuu

Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿ ذَٰلِكَ وَمَن يُعَظِّمْ شَعَـٰٓئِرَ ٱللَّهِ فَإِنَّهَا مِن تَقْوَى ٱلْقُلُوبِ ﴾ [الحج: ٣٢]

***"Namni mallattoolee diin Rabbii kabaju isiin soda Rabbii irraayi."***

Sha'aairaa fii mash'ar jechuun wantoota guddinaa fii durummaa Rabbii mul'isaniifii kan laafinaafii hiyyumaa umamtootaa mirkaneessan jechuudha. Kuni ammoo dirree muzdalifaatti sirritti mul'ata. Gooytaan uumamtoonni hundi isaaf gadi jettu waa guddatee!

Namni akkataa qubannoo warra hajji godhuu kan minaa fii arafaa kan muzdalifaatiin walcinaa qabee laale garaagarummaa mul'attu arga. Kunis minaafii arafatti hujjaaja jidduu garaagarummaa sadarkaa qabeenyaatu calanqisa. Fakkeenyaaf goojjoon qubannootaa tan dureeyyii bareedduudha. Tan hiyyeeyyii fokkattuudha. kan sanumaawu hinqabne ka karaa cinaa tattaa'us nijira. Nyaataa yaabbii fi tajaajilli birootis akkasumatti walcaala.

Hanga namni gariin durummaa dureeyyiitiin dinqamee ajaa'ibu takkatti. Durummaa fi guddina Rabbii irraanfachuu ka'utti yookaa irraanfatutti.





Kanaaf (Rabbumaatu beekaa) akka garaagarummaan tuni hundi fuudhamtee namni hundi walqixa tahuuf jecha gara dirree muzdalifaa gadi bu'uun godhamte.

Dirree muzdalifaatti hundi namaa walqixxaata, durummaa fi guddinni kan Rabbii malee tokkolleenuu hinjiraatu.

Rabbi s.w. akkana jedha

﴿يَـٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ أَنتُمُ ٱلْفُقَرَآءُ إِلَى ٱللَّهِ ۖ وَٱللَّهُ هُوَ ٱلْغَنِىُّ ٱلْحَمِيدُ﴾ [فاطر: ١٥]

***"Yaa ilmaan namaa isin gara Rabbiitti haajamoo dha (hiyyeeyyiidha) Rabbiin isumaatu dureessa faarfamaadha."*** faaxir15.

Atii yoo seera muzdalifaa laalte akkaata hujjaaja hunda walqixxeessurratti kaayame.

Fakkeenyaaf yeroon dhaabbatiinsa isii halkani. Goojjoo dhaabbachutti hin haajaman, tan silaa isiin walcaalan. yeroon achi turan gabaabduudha meeshaa fidachutti hin haajaman. Akkasuma ammas hundi isaanii muzdalifatti akka hiyyeessaatti lafa rafan. Nyaanni isaan nyaatanis nyaata hiyyeessaati. Ammas kan hiriira dheeraa mana fincaanii duratti hiriiran garta. Gurraachaafii diimaan, qabaataafii dhabaan, kan hunda isaanii bifti hiyyumaafii laafinaa irraa mul'attu. Kan mallattoon durummaa isaanirraa fagaatte. Yeroo bifa tana laalan hundi isaanii ' guddaan guddinni isaa guutuu tahe Rabbi malee hin jiru' jechaa dha hubatan.

# Kaayyoo 3ffaa
# Kajeellaa Rabbii mirkaneessuu

Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿ أُوْلَٰٓئِكَ ٱلَّذِينَ يَدۡعُونَ يَبۡتَغُونَ إِلَىٰ رَبِّهِمُ ٱلۡوَسِيلَةَ أَيُّهُمۡ أَقۡرَبُ وَيَرۡجُونَ رَحۡمَتَهُۥ وَيَخَافُونَ عَذَابَهُۥٓۚ إِنَّ عَذَابَ رَبِّكَ كَانَ مَحۡذُورٗا ﴾ [الإسراء: ٥٧]

***“Warreen isaan gabbaran sunuu gama Rabbii isaaniiti dhiheenya barbaadan ka isaan keessaa Rabbitti irra haalaan dhihoo tahelleen (dhiheenya barbaadan), rahmata isaati kajeelan, azaaba isaati sodaatan, azaabni Rabbii keetii sodaatamaa tahee jira.”*** Suuraa towbaa 57

Yeroo hajjiidhaa namni qubannoota isaa keessatti walitti dhihaata. dureessaafi hiyyeessi, jabaafii laafaan, beekaafii wallaalaan, akkataa yeroo biraa takkalleewu walitti hindhihaannetti walitti dhihaatan. Kun sirritti kan mul’atu arafaafii muzdalifatti. Garuu namni akeekkatee laale hujjaajonni yeroo tana keessatti kadhaa fi kajeellaa Rabbiitti qulqullaawuudhaan kadhaa fi kajeellaa ilma namaa irranfatanii jiran.

Hundi gama Rabbii dureeysaa garagalee jira, harka isaa Rabbi jala qabatee isatti booyaa, waywaataa, waan yaada isaa itti himataa jira.





Ka kajeelamu, ka kadhatamu, Rabbi malee akka hinjirre hundi itti walii galee hojiin mul’isee jira. Kuni gaa towhiida kajeellaa Rabbiif qulqulleesuudha jedhama.

# Kaayoo 4ffaa
# Sodaa Rabbii mirkaneessuu

Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿وَٱلَّذِينَ يُؤۡتُونَ مَآ ءَاتَواْ وَّقُلُوبُهُمۡ وَجِلَةٌ أَنَّهُمۡ إِلَىٰ رَبِّهِمۡ رَٰجِعُونَ ٦٠ أُوْلَٰٓئِكَ يُسَٰرِعُونَ فِي
ٱلۡخَيۡرَٰتِ وَهُمۡ لَهَا سَٰبِقُونَ﴾ [المؤمنون: ٦٠-٦١]

***"isaan warren waan kennan qalbiileen isaanii gama Rabbii isaanii deebiurraa sodaattuu haala taateen kennani. Isaan hojiilee gaggaaritti jarjaran, isaan isiif dursoodha."*** Suuraatul muiminuun 60-61

Hojiin hajjiitii fii sodaan Rabbi walitti hidhamtuudha.

Kuni kan mul'atu

1. qur'aanarraa.
2. hadiisarraa.
3. qabatama yeroo ammaarraa.

Yommuu tahu

## Tokkoffaa qur'aanarraa.

Obboleessa kiyya kan hajji godhutti jirtu: suuraa hajji meexiinxallaa qara'i!!





Isiin suuraa nama soodachisuudhaan jalqabamte tahuu ni hubatta. Akkaan sodaachiistuu waan ilma namaarra dhufurraayi dubbatti. Rabbiin akkana jedhe.

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ٱتَّقُواْ رَبَّكُمۡۚ إِنَّ زَلۡزَلَةَ ٱلسَّاعَةِ شَيۡءٌ عَظِيمٞ ١ يَوۡمَ تَرَوۡنَهَا
تَذۡهَلُ كُلُّ مُرۡضِعَةٍ عَمَّآ أَرۡضَعَتۡ وَتَضَعُ كُلُّ ذَاتِ حَمۡلٍ حَمۡلَهَا وَتَرَى
ٱلنَّاسَ سُكَٰرَىٰ وَمَا هُم بِسُكَٰرَىٰ وَلَٰكِنَّ عَذَابَ ٱللَّهِ شَدِيدٞ﴾ [الحج: ١-٢]

***"isin yaa ilmaan namaa Rabbii keessan sodaadhaa, sossooni yerottiidha (qiyaamaadhaa) waan akkaan ulfaataadha. Guyyaa isii gartani kan hoosistuun hundi waan hoosisterraa dhamaatu, ta ulfa qabdu hundi ulfa isii garaa gatti, namoota kan machaawan tahaniiti garta, isaan hinmachooyne garuu azaaba Rabbiittu akkaan hamaadha."*** suuraatul hajji 1-2

Kunoo suuraan waayee hajjiirraa dubbattu kanaan banamte.

### *Obboleessoo Walqunnamtiin hajjiifii sodaa jidduu akka jirtu hubattee?*

Mee hadiisa nabii ﷺ keessaa gadi laallee haa hubannuu. Nabiin ﷺ hajji jihaada jedheeti moggaase. Dubartootaan akkana jedhe ***"isin jihaada (duula) waraanni keessatti hinjirreetu isinirraa barbaachisa. Hajjiifii umraa godhuu dha."*** Jedhe. imaamu ahmadiifii ibnu maajah tu odeesse.

Duuba jihanni waan sodaachisaadhaa mitii?

Ammas bara walii galtee hudeybiyyaa gara haramaa dhufuudhaaf ijibaata godhan soda guddaatu isaanirra gaye.

Qureeyshiin isaan duratti gufuu taatee isaan dhowwite. Lolaaf namni qophaawe. Mu'imintoonnis gaaddisa mukaa jalatti nilollaa siin wajji jedhanii nabiif waadaa seenan. Umraa sodaadhaa tan seyfiin wajjiti taate.

## Haala qabatama yeroo irraa.

**N**amni yeroo zamana nabiirraa ﷺ kaasee hanga ammaatti seenaa akkaataa hajjii gadi qabee laale yoggu takkallee sodaan akka isii keessaa hin dhabamin hubata.

Eega rakkoon qureyshii tan zamana duraa hiikkattellee garuu jaarraalee 13n dabran keessa shiftoonni adda addaa karaa hajjii keessatti tamsa'uudhaan rakkoo guddoo fii sodaa hamtuu hujjaajotarraan gayaa turan. Hanga namni makkatti deemu akka nama dhabameetii laalamutti, kan makkarraa galu ammo akka nama haarawa dhalateetti laalamutti.

Eega rakkoon sodaa karaadhaa hiikkattes yoo tahe sodaa goojjoon gubaatuudhaattu dhufe. Tunis yeroo dheertuu hajjiin wajji turte. Ummanni rakkoo tanas nifuran.

Eegasii sodaa hiriiraa, tan waa dhoosuu, tan bakka jamaraataatti namni walitti hacuucamee walgaaga'uu, sodaa galaanaa, sodaa dhukkubaa qufaa shimbiraa, k.k.f. yeroo dheeraf sodaa tahuun beekamaadha.




Hula sodaa takka yeroo cufan tama biro haarawaatu banama.

Tanaaf namni hajjitti deemuuf ka'e tokko yeroo jalqaburraa kaasee hanga xumuree gama warra isaa deebi'utti sodaan isa biraa hindhabamtu.

Egaa hajjiifii sodaan walqabatoodha nama jechisiisa. Garuu hikmaan Rabbiin akkana godheef maali?

Garuu wanni itti fedhame (Rabbumaatu beekaa) akka namni hajji godhu dhugumaan Rabbi sodaatee sodaa qalbii keessatti taaterratti soda mul'attuu tanas eda'atee jajjabaatuufi.

Mee kuni akkamitti taha? Yoo jette.

Fakkeenyaaf nama hajji godhuf deemu tokko yoo gaafatte, si ati rakkoo balaa akkanaa akkanaa tan waggaa dabarte nama hanganaa gaagaate hindhageenyee? Bara baranaatis rakkoon akkanaa dhufuun nimala waan jedhamu yoo hin hubannee?

Yoo jettee gaafattee ee quban qaba siin jedha. Duuba ka sodaan tun jirtu maaltu sifide? Yoo jetteen. Deebisaan isaa ***sodaa yoo hajji osoo dandayuu godhuu dhabee Rabbiin nagaafatee naqixaaxu san irra sodaadha.*** Jedha.

Kuni kaayyoo guddoo kaayyoowwan hajji irraa taate. sun sodaadhaan Rabbi tokkichoomsuu mirkaneessuudha.

# Kaayyoo 5ffaa
# Rabbirratti irkannoo mirkaneessuu

Rabbii s.w. akkana jedhe.

﴿ وَقَالَ مُوسَىٰ يَٰقَوۡمِ إِن كُنتُمۡ ءَامَنتُم بِٱللَّهِ فَعَلَيۡهِ تَوَكَّلُوٓاْ إِن كُنتُم مُّسۡلِمِينَ ٨٤ فَقَالُواْ عَلَى ٱللَّهِ
تَوَكَّلۡنَا رَبَّنَا لَا تَجۡعَلۡنَا فِتۡنَةٗ لِّلۡقَوۡمِ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴾ [يونس: ٨٤–٨٥]

***"muusaan akkana jedhe yaalammii too yoo kan Rabbitti amantan taatan isuma qofarratti irkadhaa, yoo muslimtoota taatan. Allaaharratti irkanne, yaa Rabbii keenya mokkoraa ummata roorristootaa nungodhin jedhan."*** Yuunus 84-85

Obboleessa muslimaa!

Yogguu biyya tee keessa jirtu, firoota kee jidduu, mana kee kanagayaa keessa, konkolaataa faa qabachuun kee nimala. Takkii maallaqa baankii qabda taha. Kuni hundinuu waan qalbii tee ziq sigodhee rakkoo fuula duraatiif akka hinsodaanne si taasisurraayi. Yeroo kana ani Rabbirratti irkadhe jetta. Garuu hinbeekamu ati Rabbuma qofarratti irkattemoo wantoota qabeenya keetii kanarratti irkatte?

Ammo hajjiin namni isiidhaaf bahe dhugumaan Rabbuma qofarratti irkate jechurratti raga mul'ataadha.



Meerree kuni akkamitti?

Atii yogguu dachii mina laalte isiin lafa dhooqaati. Hujjaajota goojjoo isaanii keessatti kawalitti tuuchan garta. Moggaa karaarrallee ka qubatan garta. Eegasii yoo isaan gaafatte yoo rakkoon tokko isinitti dhufuun ni malaa hinsodaattanii? Fakkeenyaaf yoo roobee galaanni guddaan dhufee goojjoofii nama isii keessaallee

haxaawee fuudhuun nimalaa. Qabbantii fii hancabbiin yoo buute, hamadayni yoo isin dhaye.

Osoo dhukkubni daddabraan tokko ka'ee yoo isa ittisuudhaaf mijjaan nijirtii?

Osoo warren balaa hujjaaja midhuuf itti bobbahanii yoo ufirraa ittisuuf mijjaan nijirtii?

Gama kaaniin karuma inni biyya isaarraa hajjiif ittiin dhufee fii kan ittiin galurraa hujjaaja yoo gaafatte,

Gaaga'ama guddaatu keessatti dhufuun mala. Fakkenyaaf xiyyaarri namaan kufuu, dooniin namaan garraqamuu, balaan konkolaataa namatti dhufuu, kuni hundinuu nimala. akkuma yeroo hedduu argamaa jiru.

Ati yeroo hujjaaja gaafiilee kanneennirraa gaafatte deebiin:- Eeyyee rakkoon dubbatame kuni hundinuu dhufuun nimala, garuu waan Rabbiin namatti fedhe takka homaa oolchuu hin dandayan jedha.

Yoggus gaafii 2ffaa gaafattee duuba eenyurratti irkattan? Jetteen.

Deebisaan hujjaaja hundaatu tokkuma, sunis Rabbuma tokkicharratti irkanne jechuudha.

Kuni gaa (Rabbumaatu beekaa) towhiida Rabbirratti irkachuu jechaa fii hujiinis mirkaneessuudha.

❁ ❁ ❁





# Kaayyoo 6ffaa<br>Deebii gama Rabii isumaaf qulqulleessuu

Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿ وَأَنِيبُوٓاْ إِلَىٰ رَبِّكُمۡ وَأَسۡلِمُواْ لَهُۥ مِن قَبۡلِ أَن يَأۡتِيَكُمُ ٱلۡعَذَابُ ثُمَّ لَا تُنصَرُونَ ﴾

[الزمر: ٥٤]

***“gara Rabbii keessanii deebi’aa isaaf ajajamaa osoo azaabni isinitti dhufee eegasii hingargaaramneen duratti.”*** zumar 54.

Akkuma beekamu ulaagaalee hajji keessaa humna qabaachuufii dandeeytii qabeenyaa qabaachuudha. Kanaaf irra heedduun nama hajji godhuu nama qabeenyaa fii humna qaamaatis qabu tahuun beekamaadha.

Akkanumaan wajji namni hajji godhu bakka heddutti ka Rabbitti waywaatee kadhatu garta.

Fakkeenyaaf bakka akka arafaa, dirree xawaafaa, safaafii marwaa gubbatti, kkf tutti Rabbi sodaataadhaa kan dhaabbatan tahuu garta. Dogoggora fii hanqina isaanii ufirratti mirkaneessaa, malaafi human isaanirraa gama Rabbii qulqullaawaa, araarama Rabbii kajeelaa, dhiifama rabbi abdachaa, kan rabbitti booyan garta.

Kuni gaa wanni ibsu dhugumaan Rabbirratti irkachuufii gama isaa deebi'uu isaaniiti.

Asitti gaafiin ka'uu dandaya.

Qalbiiwwan tun gama eenyuuti deebitee kajeelte?

Namoota jajjaboofii dureeyyitu waa isinii goona jedheenii abdachiisee saniif itti booyaa jiranii?

Miti Abadan.

Egaa kuni wanni ibsu towhiida deebii Rabbiif qulqulleessuu isaaniiti.




# Kaayoo 7ffaa
# Rabbiif uf gadi qabuu mirkaneessuu

Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿ إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ وَأَخۡبَتُوٓاْ إِلَىٰ رَبِّهِمۡ أُوْلَٰٓئِكَ أَصۡحَٰبُ ٱلۡجَنَّةِۖ هُمۡ فِيهَا خَٰلِدُونَ ﴾ [هود:٢٣]

***"warren amananii toltuuwwan hojjatan kan gama Rabbii isaanii deebi'an isaan warreen jannataati, isaan isii keessa turoodha."*** Huud 23

Ikhbaata jechuun Rabbiif uf gadi qabuudha, hanga waa hunda keessatti isa jala butamanitti. Isaaf gabroomanii gooftummaa isaa mirkaneessanii. Laafina ufiitiifii hiyyummaa ufii gabrichi ufitti mirkaneessuudha.

Jechi ikhbaata (Rabbiif uf gadi qabuu) jedhu kun qur'aana keessatti bakka sadihitti dhufe.

Takka suraa hud keessa tan himnee dabarsine sani.

Lameen hafte suuraa hajji keessa.Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿ وَمِنَ ٱلنَّاسِ مَن يُجَٰدِلُ فِي ٱللَّهِ بِغَيۡرِ عِلۡمٖ وَيَتَّبِعُ كُلَّ شَيۡطَٰنٖ مَّرِيدٖ ﴾ [الحج: ٣]

***"namarraa kan beekkomsaan maletti waayee Rabbii***

***keessatti mormii godhuutu jira. Sheyxaana darbamaa hunda hordofa."*** hajji 3.

Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿وَلِيَعْلَمَ ٱلَّذِينَ أُوتُوا۟ ٱلْعِلْمَ أَنَّهُ ٱلْحَقُّ مِن رَّبِّكَ فَيُؤْمِنُوا۟ بِهِۦ فَتُخْبِتَ لَهُۥ قُلُوبُهُمْ ۗ وَإِنَّ ٱللَّهَ لَهَادِ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟ إِلَىٰ صِرَٰطٍ مُّسْتَقِيمٍ﴾ [الحج: ٥٤]

***"akka warreen beekkomsa kennaman inni dhugaa Rabbii keetirraa tahee akka beekaniifi, akka itti amananiifi, akka qalbiileen isaanii isaaf laaftuufi, Allaaha warreen amanan karaa diriiratti isaan qajeelcha."*** Hajji 54.

Eddoolee sadeen keessaa lameen tun maaliif suuraa hajji keessatti taate?

Yoo jenne.

Deebiin (garuu Rabbumaatu beekaa) waan ibaadaan hajji tan irra hedduu gama Rabbii deebi'uun isii keessatti taateef jecha.

Hajjiin akkuma beekamu ibaadaa isii keessatti kajeellaan Rabbii, gama isaa deebi'uuniifi isaa jala butamuun keessatti taate.

Fakkeenyaaf ati osoo hedduu hujjaajaa hikmaa hajjiirraa gaafattee. Kanneen akka arafatti deemsaa, muzdalifaa buluu, cirracha jamaraataa darbachuu, kkf hojiilee hajji tan isaan tolchanii irratti bololanii hojjatan irraa yoogaafatte. Maaliif hojiin kun karaa godhame? Maali wanni isarraa





barbaadame? Maaliif isii hojjatta? Deebisaa isaa tan ***Rabbuma gabbaruufi*** jettu tahuu garta.

Kuni gaa Rabbiif ufgadiqabuu mirkaneessuudha.

Kana jechuun gabrichi Rabbii tokko hojii itti ajajame tolchee jaalachaa irraa gammadaa dalaguu isaati, kan hikmaa isii hinbeeynellee yootahe. Gabbartii Rabbii tahuu fii jaalala Rabbiitti isa geeysitii qofaaf dalaguudha.

Osoo uumaan (makhluuqni) tokko isa ajajee silaa nigaafata, niqorata, maliifi jedhee? Yookaan akkanatti irra caala! Takki akkatti naaf hinfudhatamne jedhee morma ture.

Gooytaan uumaan hundi isaaf uf gadi qabdee isa jala butamtu waa qulqullaayee!

Umar ibnulkhaxxaab r.a. yeroo dhagaa gurraachatti haasawee ***"yaa dhagaannana ammo Rabbitti kakadhe ani nin beeka ati dhagaa tahuu, hinmiitusi hin fayyaddusi, nabiin ﷺ ka sidhungate tahuu osoo arguu baadhee silaa sin dhungadhu."*** Jedheen bukhaariitu odeesse.

Akkasuma hujjaajjarraa nama dureeysa biyya isaatti qananii keessatti jiraatuutu jira. Kan namootaa hiyyeeyyii fi rakkattootaan walitti hin dhihaanne. Kan

ummata bal'aa kanarraa fagaatee qal'aa isaa keessatti qananii bashannanaan jiratu tahuun mala.

Garuu yogguu hajji dhufe hiyyeeyyiin walitti makama, isaaniin wajji nyaateeti isaaniin wajji rafa, keeysaawuu arafaafii muzdalifatti, goohii xawaafaa ta sa'iyii, ta darbannaa jamaraataa isaaniin wajji taha. Foolee hamtuufii walitti tuuchuufi walhacuucuu kanarratti obsa.

Gaafii asitti ka'uu dandayu:

- namni kun maaliif kana hunda obese waan hajji keessatti hojjatamu kana hunda hojjate? Ka hikmaa yookaan sababa isii addaan baafatee hinbeyne?
- maaltu qananii isaa jabduu sanirraa isa fidee akkatti ummata heedduu kana keesssatti isa cinqe?
- si nama kanarratti isa dirqisiiseetu jiraa?

Deebisaan lakki. Rabbumaa uf gadi qabuufii ajaja isaa jala butaamuufi jechuu taha.

Kuni gaa (Rabbumaatu beekaa) towhiida Rabbiif ajajamiinsaa mirkaneessuudha.

## Kabajaa makkaa ulfattuu taatee.

Rabbiin nabi ibraahiim irraa yommuu odeessu akkana jedhe.

﴿ رَبَّنَآ إِنِّيٓ أَسۡكَنتُ مِن ذُرِّيَّتِي بِوَادٍ غَيۡرِ ذِي زَرۡعٍ عِندَ بَيۡتِكَ ٱلۡمُحَرَّمِ رَبَّنَا لِيُقِيمُواْ ٱلصَّلَوٰةَ فَٱجۡعَلۡ أَفۡـِٔدَةٗ مِّنَ ٱلنَّاسِ تَهۡوِيٓ إِلَيۡهِمۡ وَٱرۡزُقۡهُم مِّنَ ٱلثَّمَرَٰتِ لَعَلَّهُمۡ يَشۡكُرُونَ ﴾ [إبراهيم: ٣٧]



***"Yaa gooytaa keenya ani hortee tiyyarraa laga qonna hinqabne keessatti mana kee kabajamaa bira qubsiise. Yaa gooytaa keenya akka salaata dhaabaniifi (qubsiise). Namootarraa onneewwan tan isaan jaalattu godhi.asheetoowwanirraa isaaniif hiri akka si galatoonfataniif."*** ibraahiim 37

Akkuma beekamuu namni seenaa makkaa laale, sadarkaa isii keessatti waan qur'aanaafii hadiisarraa dhufe namni laale, waan seenaa keeysatti isii keysatti argamee fii raawwatame namni qorate, biyyiti makkaa tun kabajaafii sadarkaa addaa guddoo tan biyyi takkalleenuu hinqabne akka qabdu ni hubata.

Seeraa (ahkaamaa) kan adda tahe Rabbiin isiif heeree jira.

- isiin iddoo kabajamtuu bineensa isii al'ooluun dhowwaadhaati.
- muka isii muruun haraami dhowwamaadha.
- waan lafaa argan ta nama duraa bade fudhachuun dhoowwaadha.
- kanneen birootis seera addaa qabdi.
- akkasumaa qalbiin ilmaan namaa akka isitti hawwitu godhamte.
- Rabbiin du'aa'ii nabi ibraahiim qeebalee hammaarrii fii suguda isii keessatti barakaa godhe.
- kabajaa isiirraa namni isii keessattii badii dalaguu yaade -osoo yaada qofa taatellee- Rabbiin qixaaxa laalessaa isa dhandhamsiisa.

Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿إِنَّ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ وَيَصُدُّونَ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ وَٱلۡمَسۡجِدِ ٱلۡحَرَامِ ٱلَّذِي جَعَلۡنَٰهُ لِلنَّاسِ سَوَآءً ٱلۡعَٰكِفُ فِيهِ وَٱلۡبَادِۚ وَمَن يُرِدۡ فِيهِ بِإِلۡحَادِۭ بِظُلۡمٖ نُّذِقۡهُ مِنۡ عَذَابٍ أَلِيمٖ﴾ [الحج: ٢٥]

***“warreen kafaran, kan karaa Rabbiirraa nama dhoowwan, kan masgiida kabajamaa namaaf walqixa goone -kan namni isa keessa taa’uufii kan fagoo dhufes walqixaa-irraa nama dhoowwan (qixaaxa laaleysaa isaan dhandhamsiisna). Nama isa keessatti roorrisaa tahee jallinaan namni barbaade azaaba laaleysarraa isa dhandhamsiisna.”*** Suuraa hajji 25.

Makka irra jaalatamtuu biyyaati Rabbi biratti.

Makka sadarkaa hedduun biyya biroorra caalchifamte.

Kana keessaa Rabbiin s.w. qananii gurguddoo isii keessatti daddafee heddummeessee namaaf keenna. Qananiin sun tan akka qajeelloo (hidaayaa) beekkomsa faydaa qabu, hooji gaarii, hikmaa (ogummaa), sadarkaa amantii tan akka iimaanaa fii ihsaanaa. Tan akka shahiidummaa (diiniif wareegamuu), siddiiqiyyaa (jaalallee Rabbi tahuu) kanneen birootis.

Rabbiin s.w. osoo bakkuma hundattuu kan namaaf qeebaluufii kan nama kennu tahee jiruu ammo makkatti irra daddafee namaa





qeebala irra daddafee nama argachiisa.

Akka fakkeenyaatti yoo laalle Rabbiin nabi Ibraahiim ﷺ biyya makkaatiin alatti bakkuma inni jiraatutti waan gurguddoo hedduu kenneef. Tan akka

islaamummaa, iimaana, ihsaana, nabiyyummaa, rasuulummaa kana hundaa kenneef.

Garuu yogguu sadarkaa tana hundarra guddoodhaa khaliilummaa kennuufii fedhe makkatti yaamee mokkoraa guddoo isa mokkoree, kennaa guddoo isaa kenne.

Nabiin Kenya muhammadis ﷺ eega rakkoo gurguddoofii qabsoo hadhooytu dabarse makka keessatti sadarkaa guddoo badhaafame.

Eegasii sadrkaa jalallee gooytaa (khaliilummaa) badhaafame. Eegasii gama madiinaa akka godaanu isaaf hayyamame.

Tanaaf (Rabbumaatu beekaa) kaayyoo hajjiirraa muslimni bakka badhaasni gurguddaan Rabbirraa itti hiramu kanatti yaamamee guyyaa muraasa keessatti hojii hajji cimtuu raawwatee badhaasa guddaa kennaa Rabbii kana akka fudhatuufi.

Namni hajji godhu sadarkaa makkaa kana yoo hubate Rabbi kadhaa heddummeysa akka Rabbiin badhaasa gurguddaa kana isaaf kennu, akka islaamummaa isaa isaaf tolchee iimaana isaa isaaf guddisee sadarkaa gabrummaa isaa isaaf ol fuudhu.

Yeroo gabaabduu tana keessatti Rabbiin isaa qeebalee ilmii isaa guddisee hikmaafii taqwaa hojii gaarii isaa kennee, sadarkaa isaa ol fuudhee, kan muslima tahee dhufe mu'imina tahee deebi'uu, kan mu'imina tahee dhufe muhsina tahee deebi'uu, kan muhsina tahee dhufe siddiiqa tahee deebi'uun ni kajeelama waan taheef kadhaa Rabbiitti jajjabaachuu barbaachisa.

Ammas akkuma beekamu Rabbiin s.w. badhaasa gurguddaa himame kana gabroottan isaa mokkoru malee akkanumatti hin kennuuf.

Tanaaf nabi ibraahiim عليه السلام yeroo shaamii fii iraaq jirus caalaa makka keessatti haalaan mokkorame.

Achumaan sadarkaa guddaa badhaafame.

Nabiin keenya muhammadis ﷺ yeroo kamiiyyu caalaa makka keessatti haalaan mokkorame, innis eegasii sadarkaa guddaa badhaafame.

Kanaaf namni hajji godhus hojii ulfaattuun mokkoramee qoratama makka keessatti sadarkaa guddoo kennamuuf jecha. Yoo ka oobsee Rabbi sodaatu taaheTanaaf Rabbiin s.w.akkana jedha.

﴿وَٱذۡكُرُواْ ٱللَّهَ فِيٓ أَيَّامٖ مَّعۡدُودَٰتٖۚ فَمَن تَعَجَّلَ فِي يَوۡمَيۡنِ فَلَآ إِثۡمَ عَلَيۡهِ وَمَن تَأَخَّرَ فَلَآ إِثۡمَ عَلَيۡهِۖ لِمَنِ ٱتَّقَىٰۗ وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ وَٱعۡلَمُوٓاْ أَنَّكُمۡ إِلَيۡهِ تُحۡشَرُونَ﴾ [البقرة: ٢٠٣]

***"Guyyoota lakkaawamtuu taate keessatti Allaaha faarsaa. namni guyyaa lama keessatti (minarraa deemuudhaaf) jarjarfate diliin isarratti hin jirtu. namni tures diliin isarratti hinjirtu. (kuni) nama Rabbi sodaateefi. Rabbi sodaadhaa. Isin gama isaatti walitti qabamtanii beekaa."*** Albaqaraah 203





Akkuma aayata kanarraa hubatamutti Namni guyyaa lamatti minarraa jarjaaree gale diliin isarratti hinjirtu. Namni booda aanee guyyaa sadii guutes badiin isarratti hin jirtu nama Rabbi sodaateef jedha, garuu sodaan Rabbi nama booda aaneef sharxiidha.

Kuni wanni beeysisu akkuma laffaatiin soda Rabbiitiin wajji eda'amtutti badhaasaafii kennaan Rabbii eda'amti jechuudha.

Xaariin guddoon bu'aa guddoo qabdi.

Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿أَمۡ حَسِبۡتُمۡ أَن تَدۡخُلُواْ ٱلۡجَنَّةَ وَلَمَّا يَعۡلَمِ ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ جَٰهَدُواْ مِنكُمۡ وَيَعۡلَمَ ٱلصَّٰبِرِينَ﴾

[آل عمران: ١٤٢]

***"sa osoo Rabbiin isinirraa warra qabsaayeefi warra oobse hinbeekin (adda hinbaasin) jannata seenuu yaaddani?."***

Aala imraan 142

# Xumura

## Hajji booda maaltu barbaachisa?

Obbooleesaa kiyya kabajamaa!haajii keenya!

Kunoo hasawa kitaaba kana keessatti wajjiin goone keessatti waayee kaayoo hajji bal’inaan laallee jirra. Amma wanni hafe dhaamsa gabaabaa waliif goona.

Obboleessoo! Rabbiin wannii sahaabaa yeroo isaan hajji godhan bineensa al’oolurraa isaan dhoowwef bineensi isaanitti dhihoo jiraachuun wajji isaan qorachuufi. Jaarsa jaartirraa yeroo hajji wanni dhoowweef walbira jiraatuun wajji isaan qorachuufi.

Akkasuma gabroottan isaa suuraa haraam dawwachuu, waan haraam dhaggeefachuu, haraam nyaachuu, dhuguu, uffachuu, qabeenya haraam fudhachuu-kuni hundinuu osoo isaanitti dhihoo jirtuu- dhoowwaa godhee jira.

Sababiin isaas tokkuma. Kunoo Rabbiin akkana jedheeti ibsa.

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَيَبۡلُوَنَّكُمُ ٱللَّهُ بِشَيۡءٖ مِّنَ ٱلصَّيۡدِ تَنَالُهُۥٓ أَيۡدِيكُمۡ وَرِمَاحُكُمۡ لِيَعۡلَمَ ٱللَّهُ مَن يَخَافُهُۥ بِٱلۡغَيۡبِۚ فَمَنِ ٱعۡتَدَىٰ بَعۡدَ ذَٰلِكَ فَلَهُۥ عَذَابٌ أَلِيمٞ ﴾ [المائدة: ٩٤]

***“Yaa warreen amantan (Yeroo hajjiidhaa) waan bineensa al’oolamurraa tahe ka harki teessaniifii eeboon teessan isa dhaqqabduun Rabbiin isin mokkora. Nama fagotti isa sodaatu beekuudhaaf (ibsuudhaaf) (isin mokkora). eega san booda namni al’ooluudhaan daangaa dabre azaaba laalessaatu isaaf taha.”*** Almaa’idah 94




Haajii keenya! wannii dhaamsa siif goonu eega hajjirraa deebite boodas diin keetirratti jajjabaadhu. Toowhiida Rabbii kan Rabbi jaalachuu, kan Rabbuma qofarratti irkachuu, kan gama Rabbii deebi’uu, kan Rabbuma qofa abdachuu qabadhuu irratti jajjabaadhuu hanga Rabbii keetiin walgeessutti /dhuma umrii teetiitti/ irratti jiraadhu.

Obboleessoo haaji! duraan biyya teetitti Rabbi nin jaaladha, nin sodaadha, isarrattin irkadha jechuu turte. Yeroo dhuftee hajji gootu jecha kee san hojiin mirkaneessitee jirta. Kanarratti hajji godhuu keettu Ragaadha.

Rabbi sirraa qeebalee sihaagammachiisu.

Guyyaa qiyaamaa warra gammadu sihaa godhu. Guyyaan sun kan Rabbiin isarra dubbatee akkana jedhe.

﴿ يَوۡمَ تَأۡتِي كُلُّ نَفۡسٖ تُجَٰدِلُ عَن نَّفۡسِهَا وَتُوَفَّىٰ كُلُّ نَفۡسٖ مَّا عَمِلَتۡ وَهُمۡ لَا يُظۡلَمُونَ ﴾ [النحل: ١١١]

***“(yaa Muhammad ummata yaadachiisi) Guyyaa lubbuun hundi mataa isiirraa tan mormitu haala taateen dhuftu. guyyaa lubbuun hundi (galata) waan dalaydee kennamtu, isaan hin roorrifaman.”*** Suratu nnahli 111.

Eegaa atis guyya san ibaadaa guddoo hojjatte tanaan lubbuu teetirraa mormita. Humniti qaama keetii kanaan raga siif baati.

Egaa qeebaltii Rabbi kadhachuu heddummeessi.

Akkasuma Rabbiin sadarkaa guddoo osoo biyya teetitti waggaa hedduu ibaadaa goote ati hin arganne hajji tanaan sii kennuun ni kajeelama. Tanaaf galata Rabbiif galchi shukrii,heddummeessi.Rabbi galatoonfachuun kennaa isaati namaaf edaati. Tan akka iimaanaa, ihsaanaa, qabeenyaa, fayyaa, hormaata ilmaaniitii fii k.k.f. namaaf edaati.

Rabbiin arjaa dureeysaa siif dabalaa galata isaa galchuun sirra haajiraatu.

Ammas wanni siin jennu qajeelfamni jiruu teetii hajji tana booda sadarkaa guddoo hajjiidhaan argatte tanarratti uf tiiysi. Waan kanarratti sijajjabeysuun gargaarami, kanneen akka nama gaggaarii saahiba godhachuu, du'aaii (kadhaa Rabbii) heddummeessuu, warreen jallinaatiifii iddoo isaanii dheessuu, dalagaa gaggaaritti jajjabaachuu hanga Rabbiin walgeessee innis sirraa jaalatee atis isarraa jaalattutti.

﴿ رَبَّنَا لَا تُزِغۡ قُلُوبَنَا بَعۡدَ إِذۡ هَدَيۡتَنَا وَهَبۡ لَنَا مِن لَّدُنكَ رَحۡمَةًۚ إِنَّكَ أَنتَ ٱلۡوَهَّابُ ﴾ [آل عمران: ٨]



***"Yaa Rabbii keenya eega nuqajeelchitee qalbiiwwan teenya hinjallisin, rahmata sibiraa tahe nuuf kenni,ati arjaa akkan waa kennuudha."*** Aala imraan

Walhamdu lillaahi Rabbil aalamiin.

Wasallallaahu alaa sayyidinaa muhammadin wa'alaa aalihi wasahbihii wasallama tasliiman kasiiraa.

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126